# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 09-09-2012 تاريخ
Date:

Lakk.: 015/stm-abo/2012 رقم
No.:


## Ibsa Walgahii ShG-GS-ABO

Shaneen Gumii- Gumii Sabaa ABO yeroo haallan murteessoo qabsoo bilisummaa Oromoo fi mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti mul'atan keessatti Fulbaana 4-9, 2012 walgahii godhachuudhaan milkiin xumuratee jira. Haallan mul'atan kanneenis gama tokkoon kan qabsoo bilisummaa finiinsuuf aanjaa argamsiisan oggaa tahan gama biraan haalli mul'atu qabsoo bilisummaa finiinsuu keessatti kan gufuu tahu dha. Haallan Impaayera Itophiyaa keessaa fi jijjiirama shaffisaa naannoo keenyaatti tahaa jiru kana ShG-GS-ABO bal'inaan ilaaluu dhaan murtiilee kanatti aanan dabarsuun wal gahii isaa xumurate. Du'aan boqotuun mataa sirna abbaa irree Mallas Zeenaawii qalbii hawaasa addunyaa addatti ammoo kan ummatoota Itophiyaa harkisee, du'a isaan booda maaltu taha gaaffii jedhuu dhalcheera. Haa tahu malee duuti mataa sirna abbaa irree qofti jijjiirama argamsiisa jedhanii eeggatuun dogoggora. Kan jijjiirama hundee argamsiisu jijjiirama sirnaa qofa. Kanaaf hanga sirni impaayerummaa jijjiiramee ummatootni mirga hiree ofii ofiin murteeffatuu gonfatanittii fi mirgi dimokraasii, walqixxummaa fi bilisummaa dhugoomutti qabsoo farra abbaa irrummaa itti fufuun alatti filmaatni biraa hin jiru. Waan taheef ummatootni impaayera kana keessaa addatti ammoo ummatni Oromoo olola dogoggorsaa fi abdii kijibaa diinaan osoo hin dagamne qabsoo bilisummaa itti jiru akka cimsee itti fufu, haala uumame irraa carraa argamuu maluttis itti gargaaramuuf akka of qopheessu ABO hubachiisa.

Hubannaan ummatootaa dabalaa dhufuu irraa, akkasuma, haalli diina keessatti uumamaa jiru qabsoo bilisummaaf daran aanjaa argamsiisaa jira. Haalli biyya keessaa jajjabeessaa fi abdachiisaa tahu illee hallan dhaabota siyaasaa fi murnoota gara garaa keessatti mumul'atan yaaddessaa tahuun hin haalamu. Haala uumamee jirutti dhimma bahuuf caalaatti gurmuu ofii jabeessanii argamuu feesisa. Kanaaf murnaa fi dhaabota baay'isuu dhaan kara karaan qabsaa'uun bu'aa argamsiisu akka hin qabne hubachuu dhaan kanneen walabummaa Oromiyaa fi bilisummaa ummata Oromoof qabsaawan walitti dhufuun mooraa qabsoo bilisummaa akka gabbisanii fi jabeessan ABO waamicha isaa dabarsaa gama isaatiin kan irraa eegamu hunda raawwatuuf qophii tahuu mirkaneessa. Ummatni keenya biyya keessaa fi alaas kana hubatee gurmuu qabsaawotaa jabeessuu fi itichuu keessatti qooda lammummaa irraa eegamu akka gumaachu ABOn dhaamsa isaa dabarsa.

Haalli ummata keenya biyya keessaa ulfaataa tahuun ifatti mul'ata. Lafa isaa irraa buqqaafamuun, hojii dhablummaan babal'atuu irraa jiruu fi jireenyi harkatti babbaduu fi qaalawiinsa jireenyaa irraa jireenya kadhaa irra hin jirre keessatti argama. Dantaa dhablummaa fi ofittummaa sirna abbaa irree irraa kosii warshaa keessaa bahuun naannoon faalamee ummataa fi qabeenya ummataa gaaga'uun bakkayyuutti mul'ata. Kana irratti sababa ilaalcha diinummaa sirnichi ummata keenyaaf qabu irraa hidhaa fi ajjeechaan mootummaa Wayyaanee jabaataa dhufe malee hin laaffanne. Waan taheef ummatni keenya kan isa baasu qabsoo qofa tahuu hubatee haalaa fi to'annoo akkaan hamaa jalatti diddaa fi fincila bakkaa bakkatti agarsiisaa jiru jabeessee fi cimsee akka itti fufu yaadachiisaa ABOn mikaa'ina akeeka isaatiif waliin jiraachuu mirkaneessa.

Mootummaan Wayyaanee ummatoota wal lolchiisuu, ummata tokkicha adda qoqqoodee wal dura dhaabuutti dabalee dhimma amantii keessa harka naqatuu dhaan amantoota irraan rakkoo uumaa as gahe. ABOn gochaa mootummaa Wayyaanee kana balaaleffataa, amantootni gara garaa addatti ammoo amantootni Islaamaa gaaffii walabummaa amantii kaasan akka jabeessanii itti fufan dhaama. Dhalattootni Oromoo doorsisaa fi miidhaa mootummaa Wayyaanee jalaa bahuuf jecha kumootaan

biyyoota ollaatti baqataa jiran. Haa tahu malee biyyota itti baqatan keessatti miidhaan irra gahaa jiru suukanneessaa fi rifaasisaa dha. Hammeenya baqattoota Oromoo irra gahaa jiru kana keessatti mootummooti biyyoota ollaa garii harka keessaa qaban. Waan taheef mootummootnii fi ummatootni ollaa Oromooo, mootummaan kan dhufee dabru tahuu hubatanii firummaa seenaa irratti hundaa'eef dursa kennuudhaan mirga baqattoota Oromoo akka kabajan ABO gaafata. Addatti ammoo mootummaa kan ofiin jedhu Bulchinsii Somali-Land gochaa baqattoota Oromoo kan seeraan UNHCR dhaan beekkaman dabalatee humnaan biyyatti deebisuu, hidhuu, hiraarsuu, ajjeessuu, daa'immanillee osoo hin hafne ibiddaan gubuu irraa akka dhaabbatu ABO gadi jabeessee hubachiisa.

Sochiin maadheelee ABO dabalatee murnoota hawaasa Oromoo adda addaa Oromiyaa guutuu keessatti adeemsifamaa jiru yeroo kamuu caalaatti jabaataa dhufuun fedhii fi akeeka ummata keenya calaqqisa. Kun jabaatee itti fufuu kan qabu tahuun caalaatti hubatamee ummatni keenya hirmaannaa isaa akka guddisu addatti ammoo sochii Qeerroon adeemsisaa jiru cinaa waan hundaan akka dhaabbatu ABOn waamicha dabarsa.

Mirkanaawuu mirga ummatoota cunqurfamoof dhaaboti qabsoo godhan qabsoo irratti wal tumsuu fi wal gargaaruu gaaffii belbeltuu yeroo ti. ABO dhaabota saboota cunqurfamoo kabajamuu mirga hiree ummatootaaf qabsoo godhan wajjin tumsa cimsachuu kan durii caalaa kan hojjatu tahuu mirkaneessaa ummatni keenya kana hubatuun akeeka kana tarkaanfachiisuu keessatti gahee isaa akka bahatu dhaama.

Dhaabotni Impayerummaa Itophiyaa jiraachisuuf kabajamuu mirga ummatootaa beekuu fi kabajuu didanii sirna durii deebisuu hawwan, akeeki ittiin deeman kan ummatoota walirratti diinomsu tahuu qalbifatuun akka irraa dhabbattanii sirna dimokraatawaa, bilisummaa, wal qixxummaa ummatootaa fi mirga dimokraasii dhugoomsuuf akka qabsaawan ABO hubachiisa. Mootummaan Wayyaanee tumsa waraanaa, gargaarsa dinagdee fi deggersa diplomaasii humnootii aangawoo kanneen akka USA, UK, EU fi China tiin Itophiyaa hanga ammaatti bituu danda'e. Gargaarsaa fi tumsa humnoota kanneen irraa argatuunis mootummaan Wayyaanee daran mirga dhala namaa dhiita. Kanaaf biyyootiin aangawoon gargaarsa mootummaa farra mirga dhala namaa tahe kanaaf kennan akka dhaaban ABOn jabeessee gaafata.

Injifannoo Ummata Oromoof!

ShG-GS-ABO

Fulbaana 9, 2012